Oromo - Deliverance Scriptures

Namoota 10:35 Yommuu sanduuqichi ka'u, Museen, 'Yaa Waaqayyo ka'i! Diinonni kee haa bittimmaa'an! Warri si jibbanis fuula kee duraa haa baqatan!' in jedha ture.

Deuteronomy 23:5 Haa ta'u iyyuu malee, Waaqayyo gooftaan kee sababii si jaallateef Bala'aamiif hin dhageenye; Waaqayyo gooftaan kee abaarsicha eebbatti siif geddare. (Nehemiah 13:2)

Psalms 44:4 Ati mootii koo ti, yaa Waaqayyo, Yaaqoobiif mo'icha kana kan abboome si;

Isaayaas 61:1 Hafuurri Waaqayyo gooftaa ana irra jira, sagalee misraachoo warra gadadamootti akkan himuuf, Waaqayyo na dibeera; warra garaan isaanii cabe akkan fayyisuuf, warra booji'amanitti gad dhiifamuu, warra hidhamanittis hiikamuu akkan labsuuf inni na ergeera; (Luqaas 4:18)

Maatewoosiv 6:13 Qoramattis nu hin galchin, hamaa nu oolchi malee; *mootummaan, humni, ulfinnis baruma baraan kan kee ti. Ameen!*" jedhaa! (Luqaas 11:4)

Maatewoosiv 8:16 Galgala sanas warra hafuurri hamaan keessa ture baay'ee gara isaatti fidan; inni immoo sagalee tokkoon hafuurota hamoota baase, warra dhukkubsatan hundumaa in fayyise.

Maatewoosiv 10:1 Yesus bartoota isaa kudha lamaan ofitti waamee, hafuurota xuraa'ota akka baasaniif, dhukkubaa fi dhibee hundumaas akka fayyisaniif aboo isaaniif kenne. (Maarqoosi 3:14,15)

Maatewoosiv 10:8 Warra dhukkubsatoo fayyisaa, warra du'an kaasaa, warra lamxaa'an qulleessaa, hafuurota hamoota baasaa; gatii utuu itti hin baasin fudhattan, isinis gatii utuu itti hin baasisin kennaa!

Maatewoosiv 12:26-29 Seexannis Seexana yoo baase ofii isaatii gargar in caba, egaa mootummaan isaa attamitti dhaabachuu danda'a ree? 27 Yoo ani humna Bi'el Zebuliin hafuurota hamoota baase, ijoolleen keessan immoo humna eenyuutiin isaan baasu? Kanaafis ijoolleedhumti keessan isinitti in farachiisu. 28 Ani garuu hafuura Waaqayyootiin hafuurota hamoota kanan baasu erga ta'ee, mootummaan Waaqayyoo isin irratti dhufeera. 29 'Yookiis namicha jabaa sana duraan dursee yoo hidhe malee, attamitti namni mana nama jabaa tokkoo lixee mi'a isaa saamuu danda'a ree? Erga isa hidhee garuu dhuguma mana isaa akka jirutti saamuu in danda'a. (Maarqoosi 3:23-27)

Maatewoosiv 12:43-45 Yesus, 'Hafuurri hamaan nama keessaa yommuu ba'u, iddoo itti aara galfatu barbaaduuf lafa bishaan hin jirre keessa in deddeebi'a; garuu tokko illee hin argatu. 44 Kana booddees, "Mana koo isa ani keessaa ba'ettan deebi'ee gala" jedha. Yommuu deebi'ee dhufus,

manichi duwwaa isaa haramee, qopheeffamee in argata. 45 Ergasii dhaqee hafuurota torba isa irra kan hammaatan of duukaa in fida; isaanis manichatti galanii keessa taa'u. Jireenyi namicha sanaa inni gara booddee isa duraa irra kan itti hammaatu ta'a; kan dhaloota hamaa kanaas akkasuma in ta'a' jedhe.

Maatewoosiv 15:22,26,28 Kunoo, dubartiin Kana'aan tokko naanna'aa biyya sanaatii dhuftee sagalee guddaadhaan, 'Ilma Daawit, gooftaa koo! Intalli koo hafuura hamaadhaan qabamtee jirti, anaaf maari!' jette. 26 Yesus yommus deebisee, 'Buddeena ijoollotaa fuudhanii sarootaa darbachuun ba'eessa miti' jedheen. 28 Kana irratti Yesus, 'Dubartii nana! Amantiin kee guddaa dha, akkuma ati barbaadde siif haa ta'u!' jedhee deebiseef; intalli ishees si'uma sana fayyite.

Maatewoosiv 16:19 Banaa mootummaa waaqaa siifan kenna; waanumti ati lafa irratti hiite, waaqa irratti hidhamaa in ta'a; waanumti ati lafa irratti hiikte immoo waaqa irrattis hiikamaa in ta'a' jedhe. (Maatewoosiv 18:18)

Maatewoosiv 17:19-21 Bartoonni ergasii kophaatti gara Yesus dhufanii, 'Nuyi maaliif hafuuricha hamaa sana baasuu hin dandeenye?' jedhanii isa gaafatan. 20 Yesus immoo deebisee, 'Amantiin keessan waan hir'ateef kaa! Anoo dhuguman isiniin jedha, amantii hamma ija sanaaficaa geessu utuu qabaattanii, gaara kanaan, "Asii ka'ii achi butadhu" in jettu, gaarichis asii ka'ee achi in butata; wanti isiniif hin danda'amnes hin jiru. 21 Inni akkasii kun kadhataan soomuudhaanis malee gonkumaa hin baafamu' jedheen.

Maarqoosi 1:23-26 Namni hafuura hamaadhaan qabame tokko mana sagadaa isaanii keessa ture iyyuu, si'uma sana caraanee, 24 'Yaa Yesus nama Naazireet, dhimma keenya keessa maaltu si buuse? Silaa nu balleessuu yaaddee dhuftee? Anoo eenyu akka ati taate si beeka, yaa qulqulluu Waaqayyoo' jedhe. 25 Yesus garuu, 'Gab jedhi, keessaa ba'is!' jedhee hafuuricha hamaa in ifate. 26 Hafuurri hamaan sun namicha qabatee ture sana wixxifachiisee, sagalee guddaadhaan iyyee, namicha keessaa ba'e.

Maarqoosi 1:32-34 Galgala sana erga aduun lixxee booddee, warra dhukkubsatan, warra hafuura hamaadhaan qabamanis hundumaa gara isaatti fidan. 33 Namoonni mandara sanaa hundumtuu balbala duratti walitti qabaman. 34 Yesus dhukkubsatoota baay'ee warra dhukkuba garaa garaatiin rakkachaa turan fayyisee, hafuurota hamootas baay'ee baase; hafuuronni hamoonni isa waan beekaniif, inni dubbachuu isaan dhowwe.

Maarqoosi 1:39 Inni dhaqee manneen sagadaa isaanii guutummaa kutaa biyya Galiilaa keessa jiranitti lallabee, hafuurota hamootas namoota keessaa baase.

Maarqoosi 5:8 Yesus immoo, 'Ati hafuura hamaa nana, namicha kana keessaa ba'i!' ittiin jedhee ture.

Maarqoosi 6:7,13 Yommus Yesus warra kudha lamaan ofitti waamee,

hafuurota hamoota irratti aboo isaaniif kennee, lama lamaan isaan erge. 13 Isaanis hafuurota hamoota baay'ee baasanii, warra dhukkubsachaa turanis baay'ee dhadhaa dibataa dibanii, isaan fayyisan.

Maarqoosi 9:23-25 Yommus Yesus, 'Yoo dandeesse jettee? Nama amanuuf wanti hundinuu in danda'ama' jedheen. 24 Achumaan abbaan mucichaa sagalee isaa ol fudhatee, 'Nan amana, amanti-dhabina kootti na gargaari!' jedheen. 25 Yesus immoo namoonni akka itti dacha'an argee, hafuuricha hamaa sana ifatee, 'Ati hafuura didaadhaa fi duudaa nana! Sin abbooma, isa keessaa ba'i deebites itti hin galin!' ittiin jedhe.

Maarqoosi 9:29 Inni immoo deebisee, 'Inni akkasii kun kadhataan, *soomuudhaanis* malee, waan biraatiin baafamuu hin danda'u' isaaniin jedhe.

Maarqoosi 9:38,39 Yohannis yommus Yesusiin, 'Yaa barsiisaa, namni tokko utuu inni maqaa keetiin hafuura hamaa baasuu arginee, waan inni nu duukaa hin bu'iniif isa dhowwine' jedhe. 39 Yesus garuu, 'Isa hin dhowwinaa, namni maqaa kootiin hojii aangoo hojjetee, dafee immoo waa'ee koo hamaa dubbachuu danda'u hin jiru'o.

Maarqoosi 16:17 Warra anatti amanan birattis milikkitoonni kun in argamu; warri anatti amanan kun maqaa kootiin hafuurota hamoota in baasu, afaanota haaraadhaanis in dubbatu.

Luqaas 4:34-36 'Ayee, yaa Yesus nama Naazireet, dhimma keenya keessa maaltu si buuse? Silaa nu balleessuu yaaddee dhuftee? Anoo eenyu akka ati taate si beeka, yaa qulqulluu Waaqayyoo' jedhe. 35 Yesus immoo, 'Gab jedhi, keessaas ba'i!' jedhee hafuuricha hamaa ifate. Yommus hafuurri hamaan sun namoota gidduutti namicha kuffisee, waan tokkoon illee utuu isa hin miidhin keessaa ba'e. 36 Kana irratti isaan hundinuu na'anii dinqifatanii, 'Maal dubbiin akkasii? Hafuurota hamootas aboodhaa fi humnaan abbooma; isaanis in ba'u' waliin jedhan.

Luqaas 4:41 Yommus hafuuronni hamoonni Kristos akka inni ta'e beeku waan turaniif, iyyanii, 'Ati ilma Waaqayyoo ti' isaan jechaa, namoota baay'ee keessaa in ba'u turan; inni garuu isaan in ifata, kana dubbachuus isaan in dhowwa ture.

Luqaas 7:21 Yeroodhuma sanatti Yesus namoota baay'ee dhukkuba isaaniittii, dha'icha isaaniittii, hafuurota hamaattiis fayyise; jaamota baay'eetiif agartuu isaanii bane.

Luqaas 8:29 Kana jechuun isaas, hafuurichi hamaan namicha keessaa akka ba'uuf, Yesus waan abboomee tureef. Yeroo baay'ee hafuurichi hamaan yommuu isa qabu, funyoo sibiilaatii fi hidhaa harkaatiin isa hidhanii eeguu utuma yaalanii, hidhaa sana ciree, humna hafuuricha hamaatiin gara lafa namni hin jirreetti in oofama ture.

Luqaas 9:40 Isa akka baasaniif bartoota kee kadhadheen ture, isaan garuu hin dandeenye' jedhe.

Luqaas 10:17-20 Jarreen torbaatamii lamaanis guddaa gammadaa deebi'anii dhufanii, 'Yaa gooftaa, maqaa keetiin yommuu isaan abboomne, hafuuronni hamoonni iyyuu nuuf abboomaman' jedhaniin. 18 Yesus immoo deebisee, 'Seexanni akka bakakkaa waaqa keessaa bu'uutti, utuu inni kufuun arge. 19 Ani, kunoo, mar'ataa irra, torbaanqabaa irra, aangoo diinaa hundumaa irras ejjechuu akka dandeessaniif, gooftummaa isiniif kenneera; homtinuus isin hin miidhu. 20 Haa ta'u iyyuu malee, hafuuronni hamoonni isiniif abboomamuu isaaniitti hin gammadinaa; maqaan keessan waaqa irratti waan caafameef, guddisaa gammadaa malee' isaaniin jedhe.

Luqaas 11:14 Yesus hafuura, isa nama tokko arraba hidhee ture baase. Erga hafuurichi hamaan keessaa ba'ees, namichi arrabni isaa hidhamee ture dubbachuu jalqabe; namoonnis guddaa dinqisiifatan.

Luqaas 11:20-22 Ani garuu humna Waaqayyootiin hafuurota hamoota kanan baasu erga ta'ee, mootummaan Waaqayyoo isin irratti dhufeera. 21 Namni jabaan mi'a lolaa qabu hundumaa qopheeffatee mana isaa yommuu eeggatu, qabeenyi isaa hundinuu nagaatti eegamaaf. 22 Garuu namni isa irra jabaatu itti dhufee, yoo isa mo'e, mi'a lolaa inni amanate hundumaa isa irraa in fudhata, galees boojuu isaa in hirmaata.

Luqaas 13:32 Inni immoo, 'Dhaqaatii haxxee sanaan, "Kunoo ani har'aa fi bor hafuurota hamoota nan baasa, kan dhukkubsatanis nan fayyisa, guyyaa sadaffaattis hojii koo nan raawwadha.

Yohaannisi 14:12 'Dhuguma, dhuguman isiniin jedha, namni anatti amanu waan ani hojjedhu hundumaas in hojjeta; ani gara abbaa waanan dhaquuf kana irra kan caalu iyyuu in hojjeta.

Yohaannisi 17:15 Isa hamaattii akka isaan eegduuf malee, biyya lafaa keessaa akka isaan baaftuuf si hin kadhadhu.

Hujii Ergamtootaa 10:38 Waaqayyo, Yesus nama Naazireet kana hafuura qulqulluudhaan dibee humnaan akka isa guute, inni naanna'ee hojii gaarii akka hojjete, Seexanaan kan cunqurfaman akka fayyise, Waaqayyo isaa wajjin akka tures beekamaa dha.

Hujii Ergamtootaa 16:17,18 Isheen, 'Namoonni kun hojjetoota Waaqayyoo aabbaa ti; karaa fayyinaa isinitti in himu' jettee iyyaa Phaawulosii fi nu duukaa in adeemti turte. 18 Kanas guyyaa baay'ee goote. Phaawulos garuu aaree itti garagalee hafuurichaan, 'Maqaa Yesus Kristosiin akka ishee keessaa baatuuf, sin abbooma!' jedhe; hafuurichi achumaan ishee keessaa ba'e.

Hujii Ergamtootaa 19:11,12 Waaqayyo dinqii takkaa hin beekamin harka Phaawulosiin in raawwata ture. 12 Kanaafis erbeen inni ittiin dafqa isaa haxaa'atu yookiis marati isaa warra dhukkubsatanitti yommuu geeffamu, dhukkubni isaanii isaan in dhiisa, hafuuronni hamoonnis keessaa in ba'u turan.

Hujii Ergamtootaa 26:15-18 'Kana irratti ani, "Eenyu ati, gooftaa?" jedheen

gaafadhe; gooftaanis deebisee, "Ana Yesus, kan ati ari'achaa jirtu. 16 Amma garuu ka'ii, miilla keetiin dhaabadhu! Anaaf hojjetaa akka taatuuf si kaasuudhaafan sitti mul'adhe; waan argitee fi, waan sitti mul'achuuf jiruuf dhuga-baatuu in taata. 17 Warra ani itti si erguuf jiru hundumaattii, saba Waaqayyoo kanattii, saba warra kaanittiis sin oolcha. 18 Dukkanattii gara ifaatti, aangoo Seexanaa jalaas gara Waaqayyootti haa deebi'aniif, ija isaanii in banta; anatti amanuudhaanis dhiifamuu cubbuu isaanii argatanii, warra qulqullaa'an gidduuttis dhaala isaanii haa fudhataniif sin erga" anaan jedhe.

Roomaatti 16:20 Waaqayyo inni nagaa kennu immoo dafee Seexana miilla keessan jalatti in caccabsa; ayyaanni gooftaa keenya Yesus isinii wajjin haa ta'u!

2 Qorontoosiitti 2:11 Akeeki Seexanaa maal akka ta'e waan beeknuuf, Seexanni akka nu hin gowwoomsineef kana in goona.

Galaatiyaatti 1:4 Kristos akka fedha Waaqayyoo abbaa keenyaatti bara hamaa isa si'anaa kana keessaa nu baasuudhaaf jedhee, sababii cubbuu keenyaaf dabarsee of kenne.

Efesooniitti 4:27 Seexanaaf karaa hin kenninaa!

Efesooniitti 6:11 Haxxummaa Seexanaatiin mormuu akka dandeessanitti, mi'a lolaa isa kan Waaqayyoo guutummaatti hidhadhaa!

2 Tasaloonqeetti 3:2,3 Nama hundumatu amane miti; kanaaf Waaqayyo harka namoota yakkanii fi hamaa godhanii akka nu oolchuufis immoo kadhadhaa! 3 Gooftaan garuu amanamaa dha; inni isin in cimsa, isa hamaa sanas isin irraa in eega.

2 Ximootewoosiitti 2:26 Yoos isaan qalbii godhatanii, Seexana isa jaalala isaa akka godhaniif kiyyoo isaatti isaan galche harkaa in ba'u.

2 Ximootewoosiitti 4:18 Gooftaan hamaa ana irratti hojjetamu hundumaa irraa na oolcha; na fayyisee mootummaa isaa isa waaqa irraatti na geessa; isaaf baruma baraan galanni haa ta'u! Ameen.

1 Pheexiroosi 5:8 Of qabaa, dammaqaas! Seexanni hamajaajiin keessan akka leenci yeroo beela'utti aadaa naanna'utti, nama liqimsuu barbaadee in naanna'a.

1 Yohaannisi 4:4 Ijoollee ko! Isin kan Waaqayyoo ti, raajota sobduu sanas mootaniittu; hafuura isa biyya lafaa keessa jiru sana irra, isa isin keessa jirutu caala woo.

Pastor T. John Franklin
Church of Salvation, Healing, and Deliverance
COS-HAD.org